# سُورَةُ قُرَيْشٍ
# Suuraa Qureyshi`ii

*Dura dursoo suuran tun {suuratulqureyshi`ii} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة قريش

*Isiin suura makkaati . — وهى سورة مكيـة

*Aayaanni isi'ii afuri {4} — وآياتها أربع

*Lakkooysi isi'ii dhibbaafii jaha {106} — وعددهـا مائة وست

*Isiin ,eega ,suuraa ,suuratuttiinii} buute. — نزلت بعد سورة التين

*Jalqabni dubbi'ii maqaa rabbii rahgmata qabuuti — بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1}***Safara lamaan,baratteef jecha qureyshin — لِإِيلَٰفِ قُرَيْشٍ ﴿١﴾

Rabbitti haa amantuu , akkana jechuun rabbiin waa heddu’uun warra makkaa qananiisee ,yoo san hunda arguu baatan san keessaa safara shammada lamaa, kan isaan baratanii isaan jiraatan, kan hoggaa shammadaaf yaa`an, waa takka hin sodanne, waan namni hundi isaan kabajuuf,isaan warra makkaati jecha`aaf , duuba Rabbii makka uumee ,biyya nagayaa godhee ,ummata arabaa hunda akka warra makkaa kabajanii queryshin makkaa,nagayaan isaan keessa yaatee, takkaa imaltuu baatee ,shammadatuu dandeessu godhe ,qananii san laalanii Rabbitti haa amananii sun qananii guddo`oo ,maalif gaafa san bitti wal fixxii, wal keessa yaa`un ni jabaata ,ammoo quryshin,amatarraa hoggaa lama safara godhtte,waan bitti makkaa waa takka, waan midhaan taye hin baafnef jecha.

**2}***Safarri lamaan isaan baratan kan rabbiin isaanin qananiise safara shammadaaf jecha,waytii qabbanaa yookaa gannaa yaman dhaqanii midhaan shammadatan, kan ammoo waytii oow`aa ,shaam dhaqanii waan jiraataniin shamadatan ,kan dureessafii, hiyyeessi isaanlleen waan argatan keessatti wal qixaa. — إِۦلَٰفِهِمْ رِحْلَةَ ٱلشِّتَآءِ وَٱلصَّيْفِ ﴿٢﴾

**3}***Duuba warri makkaa sun ,waan biraa gabbaruu dhiisanii Rabbii {ka'baa}uume haa ibaadanii tokkummaa isaa haa yaadanii. — فَلْيَعْبُدُوا۟ رَبَّ هَٰذَا ٱلْبَيْتِ ﴿٣﴾

*Rabbiin{ka`ba`aa} kan isa ibaaduu haqa godhatun sun,isa hoggaa abaar bu`ee beelayan quufa isaanii fidee, isaan nyaachisee, beela isaanirraa baasu, kan sababaa shammada lamaan bonaa, gannaa, shaamifii yaman dhaqanii waan nyaataa bitatuu isaanii laaffisu'uun,beela isaa- — ٱلَّذِىٓ أَطْعَمَهُم مِّن جُوعٍ

nirraa dhoowwee, makka biyya waan magarsine keessa jiraatuu isaan dandeysise,

**4}***Rabbiin ibaadaa haqa godhatu, isa waan وَءَامَنَهُم مِّنۡ خَوۡفِۭ ﴿٤﴾

isaan sodaatan hunda irraa deebisee nagayaan isaan jiraachisee ,biyya nagayaa tan nam tokkolleen nama isi'ii tuquun haraamii godhee, akkasuma bakka dhaqan hundatti nagaya isaan argachiisee, nama makkatti duulu`uu deemu isaanirraa caphsee, habashaa {kakgbaa} jiysu`uu deemtu irraa deebisee, kan namaatu nutti duulaa ,inuman sodaanne, duuba kuffaarri makkaa {sanama} dhiisee Rabbii akkatti isaan qananiise haa ibaaduu, akkasuma ummanni Rabbiin biyya gaari`iin isaan qananiise hundi amanee galata isaa galchuun tokkummaa isaa yaadun waajiba, dirqama.